

# صحيح الدعاء والشأن على الله تعالى

## Sahiiha kadhaa fi faaruu Rabbii

Dr. Abdallaah bin Hamuud Alfariih

Adaba kadhaa

Faaruu Rabbii oltahee

Kadhaa Qur'aanaa

Kadhaa salaataa

Kadhaa Nabiyyii

Maganfannaa Nabiyyii

Kadhaa ruqiyaa

Zikrii ganamaa fi  
galgalaa

Kadhaa fi zikrii kamuu  
banuuf mata duree isaa  
irratti tuqi



د. عبد الله بن حمود الفريح



بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

## Dursa

Faaruu kan Rabbii aalamaati, nagayaa fi rahmanni ergamaa isaa arjaa, shariikkan isaatii fi aalii isaa hundarratti haa buutu, kitaabni kun kitaaba tolaa gosoota kadhaalee walitti qabduu hedduu (faaruu Rabbii oltahee, kadhaalee Qur'aanaa, kadhaalee Nabiyyii (s.a.w), maganfannaa Nabiyyii (s.a.w) ruqiyaa shari'aa) if keessaa qabudha, akkasuma adaboota kadhaa, kadhaalee sahiha qofa akka taatuufin kajeele, muslimni hundi kadhaa Qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufte tan keyrii hedduu if

keessaa qabduun akka tattaafatuuf, kadhaa hunda afaan Arabiffaatiin barreeffamtee afaan Oromootiin akka hiikamtun godhe, akkaataa itti dubbifamtus barruun, hojiin tun fuula isaatiif qulqulluu akka taatun Rabbii oltahe kadhada, Rabbiin nagayaa fi rahmata Nabiyyii keenya Muhammad, shariikkan isaatii fi aalii isarratti haa buusu.

**Dr. Abdallaah bin Hamuud  
Alfariih**



## Kadhaa fuul dura



amag ita aamilsuM aman aaY  
naasI...asseeyyih iiteek iibbaR  
ewalluqluq inni asyerud

anat utmafraaf eelaahdak  
...fiiwaahpoq niiteet iiblaq...uhdooh  
fi adnuh iiryek aahdak niisi  
ahduttammah ittasseek

izaffah aarri esyednad agnah  
aajaah nat imataaqeem aahdak  
etaat uusyeg aaman faadnuh

naakkiih ooqqix naahcaj aahdak  
oollab oomma iisi

iibbaR fi uuhcaahihd niiteet eenno  
aarris utafiq uuhcahdog dag fiiteek  
...amagee

## Adaba kadhaa

**Durarratti:** Nam Rabbi kadhaturratti ni dirqama kadhaa isaa Rabbiif qulqulleysuun, Rabbiin tokkichi qofti akka kadhaa qeebaluu akka dandahu beekkumsa ifaa beekuu qaba, Rabbii waliin waan biraa kadhachuu hin qabu, Isa malee waan biraatiin magantaa seenuus hin qabu, Nabiyyis tahee awliyaa, malaayikaa, gabroottan gaggaarii fi eenyumaanuu. Rabbiin oltahe akkana jedha:

﴿فَادْعُوا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ﴾ [غافر: ١٤]

{Rabbiin kadhadhaa diin isaaf qulqulleysaa} [Suuraa Ghaafir: 14]

**Lammaffaa:** qalbii teerra fiduu qabda ibaadaan shaakalamuun keetuu ibaadaa guddoo Rabbiin jaalatu akka tahe, galatas itti argatta siif qeebalamuu kee laaluun achitti.

**Sadaffaa:** Rabbi amanuu qabda akka inni kadhaa tee deebisuu dandahu, akka isatti si dhiheessaniif uumamtootatti dhihaatuun sin barbaachisu, bid'aalee kana fakkaatan tan nama Muslimaa tawassula hin barbaachisfne keessa galchanis sirraan eegaman.

**Afraffaa:** Rabbiin towbaa teetii fi gama isaa deebi'uu keetiin ni gammada hanga feete dilii teetiin fagaattus, kanaaf deebiin

narraa turtiin akka sin seenne yookaa rahmata Rabbirraa garaa murachuun, inumaa gammachuu inni towbaa teetii fi gama saa dhufuu keetiin gammadu if dura fidi –inni dureysa qulqullinni isaaf haa tahu- jacha isaa if dura fidi tan akkana jattu:

﴿إِنَّ اللَّهَ يَغْفِرُ الذُّنُوبَ جَمِيعًا﴾ [زمر: ٥٣]

(Rabbiin dilii hunda araaramaadha)

ammas tan akkana jattu:

﴿وَإِذَا سَأَلَكَ عِبَادِي عَنِّي فَإِنِّي قَرِيبٌ أُجِيبُ

دَعْوَةَ الدَّاعِ إِذَا دَعَانِ﴾ [بقره: ١٨٦]

(Hogguu gabroottan kiyya si gaafatan ani dhihoodha nin deebisa kadhaa kadhataadhaa weyta inni na kadhate)



**Shanaffaa:** nyaataa fi dhugaatiin kadhataa waan haraam irraa argame tahuu hin qabu, kuni waan kadhaan qeebalamuu dhoorkurraahi, hadiisa Abbaa hureyraatiin (r.a) dhufee waan jiruuf ergamaan Rabbii (s.a.w) ni dubbate

«الرَّجُلُ يُطِيلُ السَّفَرَ أَشْعَثَ أَغْبَرَ، يَمُدُّ يَدَيْهِ إِلَى السَّمَاءِ، يَا رَبِّ، يَا رَبِّ، وَمَطْعَمُهُ حَرَامٌ، وَمَشْرَبُهُ حَرَامٌ، وَمَلْبَسُهُ حَرَامٌ، وَغُذِيَ بِالْحَرَامِ، فَأَنَّى يُسْتَجَابُ لِذَلِكَ؟»

“namticha imala dheereysu, ka rifeensa guduruu, ka bifa jijjiirate hiyyummarraa, harka isaa gama samii harka isaa ol qabee yaa Rabbi yaa Rabbi ja’a, nyaanni isaa

haraami, dhugaatiin isaa haraami, uffanni isaa haraami, haraamiin soorame, akkamitti isaa qeebalama duuba? (Muslimtu gabaase 1015)

**6ffaa:** Kadhataan naamusaa fi sunnaalee kadhaa eeguu qaba isiinis:

1 Yeroo Rabbi kadhatu xahaara qabaachuu, akka salaataaf wudu'a godhatutti godhatuu, hadiisa Abii Muusaa (r.a) sahiiheyni keessa jiruu fi seenaa isaa adeera isaa Abbaa Aamir (r.a) waliin hojjateef jacha, Hadiisatti Abuu Aamir Abaa Muusatti dhaammate akka Nabiyyii kadhaa kadhachiisuuf Abuu Muusaanis itti hime,

Ergamaan Rabbii bishaan akka fidaniif gaafate, irraa wudu'a godhatee aa isaameen ol qabee eegasii akkana ja'e:

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِعَبِيدِي، أَبِي عَامِرٍ»

“Yaa Rabbi Ubeydi (Abbaa Aamiriif) araarami” hangan addeenya bobaa isaa argutti, eegasii akkana je'e

«اللَّهُمَّ اجْعَلْهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ فَوْقَ كَثِيرٍ مِنْ خَلْقِكَ، أَوْ مِنَ النَّاسِ»:

“Yaa Rabbi guyyaa qiyaamaa uumamtoota kee ykn nama hedduu irraa ol isa godhi Bukhaariitu gabaase lakk (4323) Muslimtu gabaase lakk (2498)

2 Gara qiblaa fuula deebi'uu qaba.

3 Harka isaa lamaan ol kaasuu qaba.

Sunnaalee lameen tana irratti qajeelchee jira hadiisni Abdallaa ibnu Abbaas (r.a) akkana ja'e: Umar ibnu Khaxxaab (r.a) naaf odeysee jira akkana jachuun: gaafa lolli Badrii taatu Ergamaan Rabbii (s.a.w) mushriktoota laalee isaan nama kuma takka, sahaabaa isaatis laale isaan nama dhibba saiifi kudha sagali, Ergamaan Rabbii (s.a.w) gama qiblaa fuula deebi'ee Rabbii isatti hasaasuu eegale:

«اللَّهُمَّ أَنْجِزْ لِي مَا وَعَدْتَنِي، اللَّهُمَّ آتِ مَا وَعَدْتَنِي»:

“Yaa Rabbi waan naaf beylamte

naaf guuti, Yaa Rabbi waan naaf beylamte naaf laadhu..” Muslimtu odeesse lakk (1763)

4 Kadhaa isaa faaruu Rabbiitii fi Ergamaa isarratti salawaata buusuun jalqabuu, hadiisa Fadaala binu Ubeyd saahiba Ergamaa Rabbii (s.a.w) akkana ja’a: Ergamaan Rabbii namticha salaata isaa keessaa kadhatu dhagahe kan Rabbii ol tahe guddisins, kan Nabiyyirratti salawaata hin buusin, Ergamaan Rabbii akkana je’e: «عَجَلْ هَذَا»: “kun ni jarjarfate” eegasii isa yaamee akkana je’een:

«إِذَا صَلَّى أَحَدُكُمْ، فَلْيَبْدَأْ بِتَمْجِيدِ رَبِّهِ جَلَّ وَعَزَّ، وَالشَّانِءِ عَلَيْهِ، ثُمَّ يُصَلِّي عَلَى النَّبِيِّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، ثُمَّ يَدْعُو بَعْدُ بِمَا شَاءَ.»

“tokkoon keessan hogguu salaatu, Rabbi guddisuu fi faarsuun haa jalqabu, eegasii Nabiyyirratti salawaata haa buusu, eegasii waan barbaadu haa kadhatuu” Yoo Rabbi faarsuun jalqabe aayatoota faaruu jalqaboota suuraawwanii irratti argan faadhaan nidhufti, eegasii Rasuularratti salawaata buusee (s.a.w) eegasii Rabbi faarsee gosoowwan faaruutiin isaan keessaa kan dhufantu jira qeebalamuuf hoggus irra dhiyaatti

5 Rabbi kadhachuu qaba zannii toluu wajjiin, kadhaan isaa akka deebituuf yaqiina godhuu qaba, jarjarfatu hin qabuu deebii kadhaa keessatti. Inumaa Rabbiin akka kadhaa isaa deebisuuf yaqiina godhuu qaba. Abbaa Hureyrrarraa Ergamaa Rabbirraa (s.a.w) akkana ja'e:

«لَا يَزَالُ يُسْتَجَابُ لِلْعَبْدِ، مَا لَمْ يَدْعُ بِإِثْمٍ أَوْ قَطِيعَةٍ رَحِمٍ، مَا لَمْ يَسْتَعْجِلْ»:

“Gabrishaaf deebifamuufiin hafan qabu, waan dilii fi fira muruu hin kadhatiniin, waan hin jarjarfatiniin” ni ja’an yaa Ergamaa Rabbii maali jarjarfanni? Ni je’e: ni ja’a

«يَقُولُ قَدْ دَعَوْتُ وَقَدْ دَعَوْتُ، فَلَمْ أَرَيْسْتَ جِيبُ  
 لِي، فَيَسْتَحْسِرُ عِنْدَ ذَلِكَ وَيَدْعُ الدُّعَاءَ»:

“kadhadhee, kadhadhee waan naaf  
 deebi’un agarre, if nyaateeti kadhaa  
 dhiisa” Muslimtu odeyse (2735)

6 Maqaalee Rabbii gaggaariin  
 Rabbi kadhachuu, kadhaa waliin  
 akka wal simtutti jijijjiiruu,  
 hogguu rizqii Rabbi kadhatu  
 “yaa Razzaaq” jachuu, hogguu  
 rahmata Rabbi kadhatu, “yaa  
 Rahman yaa Rahiim” jachuu,  
 hogguu jabeenya rabbi kadhatu  
 “yaa Aziiz” jachuu, hogguu  
 araarama Rabbi kadhatu “yaa  
 Ghafuur” jachuu, hogguu



fayyaa isa kadhatu “yaa Shaafii”  
jachuu.bifa kanaan waan kadhaa  
isaatiin wal simuun kadhata,  
jacha Rabbii ol taheetiif:

﴿وَلِلَّهِ الْأَسْمَاءُ الْحُسْنَىٰ فَادْعُوهُ بِهَا﴾ [الأعراف: ١٨٠]

{Rabbiif maqaalee gaggaariitu  
jira isiin isa kadhadhaa} [A'araaf: 180]

7 Kadhaa irra deddeebi'uu,  
barbaachaan Rabbirratti  
daddeebi'uu, hadiisa Ibnu  
Abbaasiif (r.a) kadhaa  
ergamaan Rabbii gaafa lola  
badrii sahaabaa isaatiif godhe  
keessatti weyta je'e:

«اللَّهُمَّ أَنْجِزْ لِي مَا وَعَدْتَنِي، اللَّهُمَّ آتِ مَا وَعَدْتَنِي»:

“yaa Rabbi waan naaf beylamte

naaf godhi, yaa Rabbi waan naaf beylamte naaf laadhu” Rabbii isatti hasaasuu hin lakkifne hanga wayaan isaa irraa buututti, Abuu Bakar kan isa eegu akka ja’uun “yaa Nabiyyii Rabbii siif gaha Rabbii kee kadhachuun” Muslimtu odeyse lakk (1763).

Akkasuma waan sahiiheyni keessatti dhufe, hadiisa Abbaa Hureyraarraa (r.a) weyta Ergamaan Rabbii kadhatu warra Dowsiitiif akkana je’e:

«اللَّهُمَّ اهْدِ دَوْسًا وَاثِتٍ بِهِمْ، اللَّهُمَّ اهْدِ دَوْسًا

وَاثِتٍ بِهِمْ»:

“Yaa Rabbi Dowsi qajeelchi, ati isaanitti, Yaa Rabbi Dowsi

qajeelchi, ati isaanitti” Bukhaariitu odeyse lakk (2937) Muslmtu odeyse lakk (2524)

8 Kadhaa isaa dhoysuu mul’isuu dhabuu, jacha Rabbii ol taheetiif:

﴿أَدْعُوا رَبَّكُمْ تَضَرُّعًا وَخُفْيَةً﴾ [الأعراف: ٥٥]

{Rabbii keessan kadhadaa if gadi qabuudhaani fi dhoysaan} [A’araaf: 55], kadhaa dhoysuutu ikhlaasatti dhiyaata, kanaaf Rabbiin kadhaa Nabi Zakariyyaa (a.s) faarsee akkana je’e:

﴿إِذْ نَادَى رَبَّهُ وَنِدَاءً خَفِيًّا﴾ [مريم: ٣]

{weyta Rabbii isaa yaame yaaminsa dhokataa} [Maryam: 3],

akka jacha imaama muffassiraa tokkotti ikhlaasa barbaaduuf jacha jedha.


- 9 Kadhaan isaa faaruu Rabbii ol tahee qabaachuu qabdi Rabbiin ol tahe gabrichi faaruu isaatiin shaagalamuu ni jaalata, faaruu tanaan akka isa gabbaruufi malee Rabbiin gabroottan isarraa dureysa, sahiiheyni keessatti hadiisa ibnu Mas'uudiin akkana ja'e (s.a.w)

«وَلَا أَحَدٌ أَحَبَّ إِلَيْهِ الْمَدْحُ مِنَ اللَّهِ وَلِذَلِكَ  
مَدَحَ نَفْسَهُ»:

“Rabbirra kan faaruu jaalatu hin jiru kanaaf if faarse”

10 Kadhataan yeroolee kadhaan keessatti qeebalamtu barbaadee isii keessa Rabbi kadhachuu qaba. Yeroolee kadhaan keessatti deebifamtu tan barruuleen dhufte keessaa: (Azaanaa fi iqaamaa jidduu kadhachuu – halkan ulusa irraa boodaa – sa’aa jum’aa – salaatoowwan booda – sujuuda keessatti – yeroo roobni bu’u – kadhaa obboleessi muslimaa isa duubaa godhuuf – kadhaa abbaan ilmaaf godhu – kadhaa musaafiraa -kadhaa miidhamaa)

صَحِيحُ الدَّعَاوِ وَالشَّعَائِرِ عَلَى اللَّهِ تَعَالَى



# Faaruuulee Rabbii guddaaf



Kan itti aanu



Fuula duratti deebi'uuf



﴿الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ﴾ ﴿٢﴾ الرَّحْمَنِ  
﴿الرَّحِيمِ﴾ ﴿٣﴾ مَلِكِ يَوْمِ الدِّينِ ﴿٤﴾

[الفاتحة: ٢-٤]

(Faaruun hundi kan Rabbii gooftaa  
aalamaati \* Akkaan mararfataa  
akkaan rahmata godhaa \* Abbaa  
(mootii) guyyaa murtii) [Al faatihaa:  
2-4]



﴿الْحَمْدُ لِلَّهِ فَاطِرِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ جَاعِلِ  
الْمَلَائِكَةِ رُسُلًا أُولِي أَجْنِحَةٍ مَّثْنَى وَثُلَاثَ  
وَرُبْعٍ يَزِيدُ فِي الْخَلْقِ مَا يَشَاءُ إِنَّ اللَّهَ عَلَى  
كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾ [فاطر: ١]

(Faaruun hundi kan Rabbii uumaa samiifi dachii ta'e, kan maleykotas ergamtoota abbootii kooluuwwan lama lamaa, sadi sadiifi afur afurii taasiseef haa ta'u Uumama keessattis waan fedhe ni dabala Dhugumatti, Rabbiin waan hunda irratti danda'aadha)

[Faaxir: 1]





﴿الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ  
وَجَعَلَ الظُّلُمَاتِ وَالنُّورَ﴾ [الأنعام: ١]

(Faaruun hundi kan Rabbii isa  
samiifi dachii uumee, dukkanaafi  
ifa argamsiiseeti) [An'aam: 1]



﴿الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي لَهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ  
وَمَا فِي الْأَرْضِ وَلَهُ الْحَمْدُ فِي الْآخِرَةِ وَهُوَ

الْحَكِيمُ الْخَبِيرُ﴾ [سبأ: ١]

(Faaruun hundi kan Rabbii Isa wanti samii keessaafi wanti dachii keessaa hundi kan Isaa ta'eeti Aakhirattis faaruun hundi kanuma Isaati Inni ogeessa, beekaadha) [Saba'i: 1]



«الْحَمْدُ لِلَّهِ حَمْدًا كَثِيرًا طَيِّبًا مُبَارَكًا  
فِيهِ»

*Alhamdu lillaaji hamdan kasiiran  
xayyiban mubaarakan fihi*

“Faaruun kan Rabbiiti faaruu  
hedduu gaarii barakaan keessatti  
taasifamte”



«رَبَّنَا لَكَ الْحَمْدُ مِْلُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ،  
وَمِْلُ مَا شِئْتَ مِنْ شَيْءٍ بَعْدُ، أَهْلَ الشَّنَاءِ  
وَالْمَجْدِ، أَحَقُّ مَا قَالَ الْعَبْدُ، وَكُنَّا لَكَ عَبْدٌ:  
اللَّهُمَّ لَا مَانِعَ لِمَا أَعْطَيْتَ، وَلَا مُعْطِيَ لِمَا  
مَنْعْتَ، وَلَا يَنْفَعُ ذَا الْجَدِّ مِنْكَ الْجَدُّ»

*Rabbanaa lakal hamdu mil'as  
samaawaati wal ardi, wa mil'a  
maa shi'ta min shey'in ba'adu  
ahlas sanaa'I wal majdi, ahaqqu  
maa qaalal abdu, wa kullunaa laka  
abdu: Allaahumma laa maani'a  
limaa a'axeyta, walaa mu'uxiya*

*liala mana'ta, walaa yanfa'u zal  
jaddi minkal jaddu*

Yaa Rabbii keenya faaruun siif haa ta'u guutuun samii fi dachii, guutuun waan ati sana booda feetee, yaa kan faaruu fi guddina haqa godhate, irra dhugaa waan gabrichi jedheeti, nuti hundi siif gabra: yaa Rabbi waan ati kennite dhoorgan hin jiru, waan ati dhoorgites kennaan hin jirau, abbaa guddinaa si biratti hin fayyadu guddinni sirraahi.



«اللَّهُمَّ لَكَ الْحَمْدُ كُلُّهُ، وَإِلَيْكَ يَرْجِعُ  
الْأَمْرُ كُلُّهُ»

*Allaahumma lakal hamdu kulluh,  
wa ileyka yurja 'ul amru kulluh*

“Yaa Rabbi faaruun hundi teeti,  
amriin hundi gama keet deebiti”

## 4

«اللَّهُمَّ رَبَّنَا لَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ قَيِّمُ السَّمَوَاتِ  
 وَالْأَرْضِ، وَلَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ رَبُّ السَّمَوَاتِ  
 وَالْأَرْضِ وَمَنْ فِيهِنَّ، وَلَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ نُورُ  
 السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَنْ فِيهِنَّ، أَنْتَ الْحَقُّ،  
 وَقَوْلِكَ الْحَقُّ، وَوَعْدُكَ الْحَقُّ، وَلِقَاؤُكَ الْحَقُّ،  
 وَالْجَنَّةُ حَقٌّ، وَالنَّارُ حَقٌّ، (وَالْتَّبَيُّونَ حَقٌّ،  
 وَمُحَمَّدٌ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ حَقٌّ) وَالسَّاعَةُ  
 حَقٌّ، اللَّهُمَّ لَكَ أَسْلَمْتُ، وَبِكَ آمَنْتُ، وَعَلَيْكَ  
 تَوَكَّلْتُ، (وَإِلَيْكَ أُنَبِّئُ) وَإِلَيْكَ خَاصَمْتُ، وَبِكَ  
 حَاكَمْتُ، فَاغْفِرْ لِي مَا قَدَّمْتُ وَمَا أَخَّرْتُ،  
 وَأَسْرَرْتُ وَأَعْلَنْتُ، وَمَا أَنْتَ أَعْلَمُ بِهِ مِنِّي،  
 (أَنْتَ الْمُقَدِّمُ، وَأَنْتَ الْمُؤَخِّرُ) لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ»

*Allaahumma Rabbanaa lakal hamdu anta qayyuumus samaawaati wal ardi, wa lakal hamdu anta Rabbus samaawaati wal ardi wa man fihinna, wa lakal hamdu anta nuurus samaawaati wal ardi wa man fihinna, antal haqqu, wa qowlukal haqqu, wa wa'adukal haqqu, wa liqaa'uka haqqun, wal jannatu haqqun wan naaru haqqun, wan nabiyyuuna haqqun wa Muhammadun sallallaahu aleyhi wa sallam haqqun was saa'atu haqqun, Allaahuma laka aslamtu wa bika aamantu wa aleyka tawakkaltu wa ileyka anabtu wa bika khaasamtu, faghfir lii*



*maa qaddamtu wa maa akhartu,  
wa asrartu wa a'alantu, wa maa  
anta a'alamu bihii minnii, (antal  
muqaddimu wa antal mu'akhiru)  
laa ilaaha illaa anta*

Yaa Rabbi keenya faaruun hundi teeti ati dhaabbataa amrii samiif dhachiiti, faaruun teeti ati Rabbii samii, dhachii fi waan isii keessa jiru hundaati, ati haqa, jachi keetis haqa, beylamni keetis haqa, qunnamtiin teetis haqa, jannannis haqa, ibiddis haqa, Nabiyyoonis haqa, Muhammadis (s.a.w) haqa, qiyaamaanis haqa, Yaa Rabbi siif harka kenne, sittis aamane, sirrattis irkadhe, (gama keetis deebi'e) gama

keetti himadhe, siin murteyfadhe,  
naaf araarami waanin dursee fi  
waanin booda aanses, waanin  
dhoysee fi waanin mul'ises, waan  
ati natti beytu, (siitu dursaadha siitu  
booda aansaadha) si malee haqaan  
gabbaramaan hin jiru.



﴿اللَّهُمَّ مَلِكَ الْمُلْكِ تُؤْتِي الْمُلْكَ مَنْ تَشَاءُ  
 وَتَنْزِعُ الْمُلْكَ مِمَّنْ تَشَاءُ وَتُعِزُّ مَنْ تَشَاءُ  
 وَتُذِلُّ مَنْ تَشَاءُ بِيَدِكَ الْخَيْرُ إِنَّكَ عَلَىٰ كُلِّ  
 شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٢٦﴾ تُوَلِّجُ اللَّيْلَ فِي النَّهَارِ وَتُوَلِّجُ  
 النَّهَارَ فِي اللَّيْلِ وَتُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ  
 وَتُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ وَتَرْزُقُ مَنْ تَشَاءُ  
 بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٢٧﴾﴾ [آل عمران: ٦٢-٧٢]

Yaa Rabbii abbaa mootummaa  
 taate! Mootummaa nama feeteef  
 kennita; nama feete irraa immoo  
 mootummaa mulqita Nama feetes  
 ni jabeessita Nama feetes ni

xiqqeessita Toltuun hundi harka kee  
jira Dhugumatti Ati waan hunda  
irratti danda'aadha (26) Halkan  
guyyaa keessa seensifta Guyyaas  
halkan keessa seensifta Du'aa irraas  
jiraa baafta Jiraa irraas du'aa baafta  
Nama feetes herrega malee soorta.

(Aayata lama suuraa aala imraa  
aayaa (26-27) aayaa duraarratti  
jachi (qul) jattu irraa haqamte  
beekaadhaa kadhaan jalqabuu  
akeekuuf acha.)

«اللَّهُمَّ رَبَّ السَّمَوَاتِ وَرَبَّ الْأَرْضِ وَرَبَّ  
 الْعَرْشِ الْعَظِيمِ، رَبَّنَا وَرَبَّ كُلِّ شَيْءٍ، فَالِقَ  
 الْحَبِّ وَالنَّوَى، وَمُنزِلَ التَّوْرَةِ وَالْإِنْجِيلِ  
 وَالْفُرْقَانِ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ كُلِّ شَيْءٍ  
 أَنْتَ آخِذٌ بِنَاصِيَتِهِ، اللَّهُمَّ أَنْتَ الْأَوَّلُ  
 فَلَيْسَ قَبْلَكَ شَيْءٌ، وَأَنْتَ الْآخِرُ فَلَيْسَ  
 بَعْدَكَ شَيْءٌ، وَأَنْتَ الظَّاهِرُ فَلَيْسَ فَوْقَكَ  
 شَيْءٌ، وَأَنْتَ الْبَاطِنُ فَلَيْسَ دُونَكَ شَيْءٌ،  
 اقْضِ عَنَّا الدَّيْنَ، وَأَغْنِنَا مِنَ الْفَقْرِ»

*Allaahumma Rabbas samaawaati  
 wa Rabbal ardi wa Rabbal arshil*

*aziim, Rabbanaa wa Rabba kulli  
shey'I, faaliqal habbi wannawaa,  
wa munazzilat tawraati wal injiili  
wal furqaan, a'uuzu bikamin  
sharri kulli shey'in anta aakhizun  
binaasiyatih, Allaahumma antal  
awwalufaleysa qablaka shey'u,  
wa antal aakhiru faleysa ba'adaka  
shey'u, wa anataz zaahiru faleysa  
fowqaka shey'u, wa antal baaxinu  
faleysa duunaka shey'u, iqdi annad  
deyna wa aghnina minal faqri*

Yaa Rabbi abbaa samii fi dachii,  
abbaa arshii guddoo, Rabbii keenya  
Rabbii waa hundaa, baqaqsaa  
fireetiifi ija tamriiti, buusaa  
towraatii, injiil fi furqaan, sittin

maganfadha hamtuu ati harkaa  
qabdu hundarraa. Yaa Rabbi ati  
jalqaba, si dura humaatuu hin jiru,  
ati booda, si booda humaatuu hin  
jiru, ati gubbaadha si ol humaa hin  
jiru, ati jala sii gad humaa hin jiru,  
deynii nurraa baasi, hiyyummaarraa  
nu duroomsi.

6

«اللَّهُمَّ إِنِّي أُشْهِدُكَ وَأُشْهِدُ مَلَائِكَتَكَ وَحَمَلَةَ  
عَرْشِكَ، وَأُشْهِدُ مَنْ فِي السَّمَاوَاتِ وَمَنْ فِي  
الْأَرْضِ، أَنَّكَ أَنْتَ اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ وَحَدَّكَ لَا  
شَرِيكَ لَكَ، وَأُشْهِدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُكَ وَرَسُولُكَ»

*Allaahumma innii ushiduka wa  
ush'hidu hamalata arshika, wa  
ush'hidu man fis samaawaati wa  
man fil ardi, annaka antallaahu  
laa ilaaha illaa anta wahdaka laa  
shariika laka, wa ash'hadu anna  
Muhammadan abduka wa rasuuluk*

Yaa Rabbi ani ragaan si godhadha  
malaa'koota keetis ragaan godhadha  
baattota arshii teetiitis ragaan



godhadha, waan samii fi dachee keessa jirus ragaan godhadha, ati akka Allaah haqaan gabbaramaan si malee hin jirre taate kophaa kee qindii hin qabdu, ammas ragaan baha Muhammad gabricha keetii fii ergamaa kee tahuu.

7

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ بِأَنِّي أَشْهَدُ أَنَّكَ أَنْتَ  
 اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ الْأَحَدُ الصَّمَدُ، الَّذِي  
 لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يُولَدْ وَلَمْ يَكُنْ لَهُ كُفُوًا أَحَدٌ»

*Allaahummma innii as'aluka bi  
 annii ashhadu annaka antallaahu  
 laa ilaaha illaa anta al ahadus  
 samadu allazii lam yalid wa lam  
 yuulad wa lam yakun lahuu kufuwan  
 ahad*

Yaa Rabbi an sin kadha ragaa si  
 godhatuu kyyaan akka ati taate  
 Allaaha haqaan gabbaramaan si  
 malee hin jiru, tokkicha irkoo waa

hundaa, kan hin dhalin kan hin dhalatin, hiriyaan tokkos isaaf hin taane.

(Hadiisaan dhufee jira kadhaan tun ismallaahil a'azam tan hogguu kadhataniin ennaman akka taate)

8

«لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ الْعَظِيمُ الْحَلِيمُ، لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ رَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ، لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ رَبُّ السَّمَاوَاتِ وَرَبُّ الْأَرْضِ وَرَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ»

*Laa ilaaha illallaahul aziimul  
haliim, laa ilaaha illallaahu Rabbul  
arshil aziim, laa ilaaha illallaahu  
Rabbus samaawaati wa Rabbul  
ardi wa Rabbul arshil kariim*

Dhugaan gabbaramaan Rabbii guddaa obsaa malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii arshii guddaa malee hin jiru. Dhugaan

gabbaramaan Rabbii samii, dachiifi  
Rabbii arshii guddaa malee hin jiru.

(Iiin kadhaa yeroo yaadaa fii  
rakkinaati)



«اللَّهُ، اللَّهُ رَبِّي لَا أُشْرِكُ بِهِ شَيْئًا»

*Allaahu allaahu Rabbii laa ushriku  
bihii shey'aa*

Allaahan Allaahan Rabbii kiyya  
waan takkallee isatti hin qindeysu.

(Iiin kadhaa yeroo yaadaa fii  
rakkinaati)

10

«لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، اللَّهُ  
أَكْبَرُ كَبِيرًا، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيرًا، سُبْحَانَ  
اللَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ، لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا  
بِاللَّهِ الْعَزِيزِ الْحَكِيمِ»

*Laa ilaaha illallaahu wahdahuu  
laa shariika lahuu, allaahu akbaru  
kabiiraa walhamdu lillaahi  
kasiiraa, subhaanallaahi Rabbil  
aalamiin, laa hawla walaa quwwata  
illaa billaahil aziizil hakiim*

Gabbaramaan haqaa Rabbi malee  
hin jiru kophaa isaa qindiin kan isaaf  
hin ta'initti, Rabbiin guddaadha,

faaruun hedduun kan Rabbiiti,  
qulqullaa'e Rabbiin mootiin  
aalamaa, tooftaafi humni Rabbii  
jabaa ogeysa biraa malee hin jiru.



«لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ  
الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ  
قَدِيرٌ، سُبْحَانَ اللَّهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلَا إِلَهَ  
إِلَّا اللَّهُ، وَاللَّهُ أَكْبَرُ، وَلَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا  
بِاللَّهِ الْعَلِيِّ الْعَظِيمِ»

*Laa ilaaha illallaahu wahdahuu  
laa shariika lahuu lahul mulku wa  
lahul hamdu wa huwa alaa kulli  
shey'in qadiir, subhaanallaahi,  
walhamdu lilaahi, walaa ilaaha  
illallaahu, wallaahu akbar walaa  
hawla walaa quwwata illaa  
billaahil aliyyil aziim*



Dhugaan gabbaramaan Rabbi malee hin jiru kophaa isaa qindiin tokko ka isaaf hin tahinitti, aangoon tan isaati, faaruun tan isaat, inni waan hundarrattuu danda'aadha, Rabbiin qulqulla'e, faaruun kan Rabbiiti, Dhugaan gabbaramaan Rabbi malee hin jiru, Rabbiin guddaadha, tooftaafi humni Rabbii oltahaafi guddaa biraa malee hin jiru.



«لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ، أَنْجَزَ وَعَدَّهُ، وَنَصَرَ  
عَبْدَهُ، وَهَزَمَ الْأَحْزَابَ وَحْدَهُ»

*Laa ilaaha illallaahu wahdahu,  
anjaza wa'adahu, wanasara  
abdahu, wa hazamal ahzaaba  
wahdahu*

Dhugaan gabbaramaan Rabbiin  
malee hin jiru isa qofa, beylama  
isaa guute, gabricha isaatiif tumse,  
cabse tuutowwan kophaa isaa.

13

«اللَّهُمَّ أَنْتَ رَبِّي لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ، خَلَقْتَنِي  
وَأَنَا عَبْدُكَ، وَأَنَا عَلَى عَهْدِكَ وَوَعْدِكَ مَا  
اسْتَطَعْتُ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا صَنَعْتُ،  
أَبُوءُ لَكَ بِنِعْمَتِكَ عَلَيَّ، وَأَبُوءُ لَكَ بِذَنْبِي  
فَاغْفِرْ لِي، فَإِنَّهُ لَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ»

*Allaahumma anta Rabbii laa ilaaha  
illaa anta, khalaqtanii wa ana  
abduka, wa ana alaa ahdika wa  
wa'adika mastaxa'tu, a'uuzu bika  
min sharri maa sana'tu, abuu'u  
laka bini'matika alayya, wa abuu'u  
bizanbii faghfir lii fa innahuu laa  
yaghfiruz zunuuba illaa anta*

Yaa Rabbi ati gooftaa kiyya.  
Situ na uumee ani gabricha  
keeti. Ani hangan danda'een  
baallamaafi waadaa keerran jira.  
Hamtun hojjadhe irraa Rabbittin  
maganfadha. Qananii ati natti oolte  
nan mirkaneessa. Yakka kiyyas nan  
amana. Kan yakka araaramu si qofa  
waan ta'eef naa araarami.

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ بِأَنَّ لَكَ الْحَمْدُ، لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ الْمَنَّانُ، بَدِيعُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ، يَا ذَا الْجَلَالِ وَالْإِكْرَامِ، يَا حَيُّ يَا قَيُّوْمُ»

*Allaahumma innii as'aluka bi'anna lakal hamdu, laa ilaaha illaa antal mannaan, badii'us samaawaati wal ardi, yaa zal jalaali wal ikraam, yaa hayyu yaa qayyuum*

Yaa Rabbi an sin kadha faaruun siif ta'uun, dhugaan gabbaraan si malee hin jiru tola oolaa, tolchaa samiifi dachii, yaa abbaa guddinaatii fi arjummaa, ya jiraataa yaa ka amrii

waan hundaatiin dhaabbatu.

(Hadiisa keessatti dhufee jira kadhaan tun ismallaahil a'zam kan hogguu kadhataniin deebii argatan, hogguu kadhataniin argatan akka taate)



«سُبْحَانَكَ مَا أَعْظَمَكَ رَبَّنَا»

*Subhaanaka maa a'zamaka  
Rabbanaa*

Qulqulloytee waa guddattee  
Rabbii keenya.



«سُبْحَانَ ذِي الْجَبْرُوتِ وَالْمَلَائِكَةِ  
وَالْكِبْرِيَاءِ وَالْعِزَّةِ»

*Subhaana zil jabaruuti  
walmalakuuti, walkibriyaa 'I  
wal'azamati*

Qulqullaa'e abbaan olaantummaa  
fi aango, boonaa fi guddinaa.



«اللَّهُ أَكْبَرُ اللَّهُ أَكْبَرُ اللَّهُ أَكْبَرُ ذُو الْمَلَكُوتِ  
وَالْجَبْرُوتِ وَالْكَبْرِيَاءِ وَالْعِظَمَةِ»

*Allaahu akbar – zul malakuuti  
waljabaruuti walkibriyaa'I  
wal'azamati*

Rabbiin guddaadha – al sadi -  
abbaan aangoo fi olaantummaa,  
boonaa fi guddinaa.





«اللَّهُ أَكْبَرُ كَبِيرًا، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيرًا،  
وَسُبْحَانَ اللَّهِ بُكْرَةً وَأَصِيلًا»

*Allaahu akbaru kabiiraa, wal hamdu  
lillaai kasiiraa, wasubhaanallaahi  
bukratan wa asiilaa*

Rabbiin hundarra guddaadha,  
faaruun kan Rabbiiti  
hedduminaan, Rabbiin qulqulla'e  
bariif galgalas.

## Nama kadhatuuf ni jaalatama erga Rabbi faarsee Nabiyyirratti salawaata buusuun

«اللَّهُمَّ صَلِّ وَسَلِّمْ عَلَى مُحَمَّدٍ وَعَلَى آلِ  
مُحَمَّدٍ، كَمَا صَلَّيْتَ عَلَى إِبْرَاهِيمَ،  
وَعَلَى آلِ إِبْرَاهِيمَ، إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ»

*(Allaahumma salli alaa  
Muhammadin wa alaa aali  
Muhammadin kamaa salleyta alaa  
Ibraahiima wa alaa aali Ibraahiima  
innaka hamiidun majiid)*

صَاحِبُ الدُّعَا وَالشَّعَائِرِ عَلَى اللَّهِ تَعَالَى



**Kadhaa  
Qur'aanaa**





﴿حَسْبِيَ اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ عَلَيْهِ  
تَوَكَّلْتُ وَهُوَ رَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ﴾ (١٢٩)

[التوبة: ٩٢١]

(Rabbiin naaf gahaadhaIsa malee haqaan Gabbaramaan hin jiruIsa qofa irrattin irkadhe; Innis Gooftaa arshii guddaati) Towbaa/ 129



﴿لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ سُبْحَانَكَ إِنِّي كُنْتُ

مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿٨٧﴾ [الأنبياء: ٧٨]

(Si malee dhugaan gabbaramaan hin jiru Ati qulqulloofte Dhugumatti, ani miidhaa hojjataa irraa ta'een jira) Anbiyaa/87



رَبِّ اجْعَلْنِي مُقِيمَ الصَّلَاةِ وَمِنْ ذُرِّيَّتِي  
رَبَّنَا وَتَقَبَّلْ دُعَاءِ ﴿٤٠﴾ [إبراهيم: ٤٠]

(Gooftaa kiyya! Kan salaata  
dhaabu na godhi Ilmaan kiyya  
irraas (akkasuma) Gooftaa keenya!  
kadhaa kiyyas narraa qeebali)

Ibraahiim/40



﴿هُنَالِكَ دَعَا زَكَرِيَّا رَبَّهُ ۖ قَالَ رَبِّ هَبْ لِي مِنْ لَدُنْكَ ذُرِّيَّةً طَيِّبَةً ۗ إِنَّكَ سَمِيعُ

الدُّعَاءِ ﴿٣٨﴾ [آل عمران: ٨٣]

(Gooftaa kiyya! Ati Suma  
biraa ilmaan gaarii naaf kenni  
Dhugumatti Ati dhagayaa kadhaati)

Aala imraan/38



﴿رَبَّنَا اغْفِرْ لَنَا ذُنُوبَنَا وَإِسْرَافَنَا فِي  
أَمْرِنَا وَثَبِّتْ أَقْدَامَنَا وَانصُرْنَا عَلَى الْقَوْمِ  
الْكَافِرِينَ﴾ [آل عمران: ٧٤١]

(Gooftaa keenya! badii keenyaafi  
dhimmoota keenya keessatti  
daangaa dabriinsa keenya nuuf  
araarami; faana keenyas gadi  
dhaabi; ummata kaafirootaa irrattis  
nu tumsi) Aala imraan/147



6

﴿رَبِّ اغْفِرْ وَارْحَمْ وَأَنْتَ خَيْرُ

الرَّحِيمِينَ﴾ [المؤمنون: ٨١١]

(Gooftaa kiyya! Naaf araarami,  
rahmatas (naaf) godhiAti irra  
caalaa warra rahmata godhaniiti)

Mu'uminuun/118

7

﴿رَبِّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي فَاغْفِرْ لِي﴾

[القصص: ٦١]

(Yaa Gooftaa kiyya! Waan  
narratti tola oolteen gargaaraa  
yakkamtootaa hin ta'u) Qasas/16



﴿رَبَّنَا أَفْرِغْ عَلَيْنَا صَبْرًا وَثَبِّتْ أَقْدَامَنَا  
وَانصُرْنَا عَلَى الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ﴾

[البقرة: ٥٢]

(Gooftaa keenya! Obsa nurratti  
dhangalaasi Faana keenyas gadi  
dhaabi; ummata kaafirootaa irrattis  
nu tumsi) Baqaraa/250



﴿رَبَّنَا لَا تُزِغْ قُلُوبَنَا بَعْدَ إِذْ هَدَيْتَنَا  
وَهَبْ لَنَا مِنْ لَدُنْكَ رَحْمَةً إِنَّكَ أَنْتَ

الْوَهَّابُ ﴿٨﴾ [آل عمران: ٨]

(Gooftaa keenya! Ati guyyaa isa keessa mamiin hin jirreef nama walitti qabuuf jirta Dhugumatti Rabbiin beellama kan diiguu miti)

Aala imraan/8

10

﴿رَبِّ أَسْرَحْ لِي صَدْرِي ﴿٤٥﴾ وَيَسِّرْ لِي

أَمْرِي ﴿٤٦﴾﴾ [طه: ٥٢-٦٢]

(Yaa Gooftaa kiyya! Qoma kiyya naaf bal'isi \* (Hojii) kiyyaas naaf laaffisi) Xaahaa/25-26

11

﴿مَسَّنِيَ الضُّرُّ وَأَنْتَ أَرْحَمُ الرَّاحِمِينَ ﴿٨٣﴾﴾

[الأنبياء: ٣٨]

(Rakkoon na tuqeera; Ati irra rahmata godhaa warra rahmata godhaniiti) Anbiyaa'i/83



﴿رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنْ هَمَزَاتِ الشَّيْطَانِ﴾  
﴿وَأَعُوذُ بِكَ رَبِّ أَنْ يَحْضُرُونِ﴾

[المؤمنون: ٧٩-٨٩]

(Gooftaa kiyya! Ani hasaasa sheyxaanotaa irraa Sittin maganfadha \* Gooftaa kiyya! Isaan natti dhufuu irraa Sittin maganfadha) Mu'uminuun/97-98



﴿رَبَّنَا أَصْرِفْ عَنَّا عَذَابَ جَهَنَّمَ إِنَّا

عَذَابَهَا كَانَ غَرَامًا﴾ [الفرقان: ٥٦]

(Gooftaa keenya! adabbii jahannam  
nurraa deebisi; dhugumatti  
adabbiin ishee kan nama irraa hin  
deemneedha) Furqaan/65



﴿وَسِعَ رَبُّنَا كُلَّ شَيْءٍ عِلْمًا عَلَى اللَّهِ تَوَكَّلْنَا  
رَبَّنَا افْتَحْ بَيْنَنَا وَبَيْنَ قَوْمِنَا بِالْحَقِّ وَأَنْتَ  
خَيْرُ الْفَاتِحِينَ﴾ [الأعراف: ٩٨]

(Gooftaan keenya beekumsaan waan hunda marsee jira Rabbi irratti hirkannee jirra (Yaa) Gooftaa keenya! Gidduu keenyaafi gidduu namoota keenyaatti dhugaan murteessi; Ati irra caalaa warra murteessaniiti ) A'araaf/89

15

﴿أَرْزُقْنَا وَأَنْتَ خَيْرُ الرَّازِقِينَ﴾ ﴿١١٤﴾

[المائدة: ٤١١]

(Nu soori ati irra caalaa warra  
rizqii kennuuti) Maa'idaa/114

16

﴿رَبَّنَا آتِنَا مِنْ لَدُنْكَ رَحْمَةً وَهَيِّئْ لَنَا

مِنْ أَمْرِنَا رَشَدًا﴾ ﴿١٠﴾ [الكهف: ٠١]

(Yaa Gooftaa keenya! Si biraa  
rahmata nuuf kenni; dhimma  
keenya irraas karaa qajeelaa nuuf  
mijeessi) Kahfi/10





﴿رَبِّ هَبْ لِي حُكْمًا وَأَلْحِقْنِي

بِالصَّالِحِينَ﴾ [الشعراء: ٣٨]

(Gooftaa kiyya! beekumsa naaf kenni Namoota gaggaariittis na dhaqqabsiisi) Shu'araa'i/83



﴿رَبِّ زِدْنِي عِلْمًا﴾ [طه: ٤١١]

(Yaa Rabbi beekumsa naaf dabali)  
Xaahaa/14



﴿رَبِّ إِنِّي لِمَا أَنْزَلْتَ إِلَيَّ مِنْ خَيْرٍ﴾

﴿فَقِيرٌ﴾ [القصاص: ٤٢]

(Yaa Gooftaa kiyya! Dhugumatti,  
ani toltuu irraa waan Ati naaf  
murteessitetti haajomaadha)

Qasas/24



﴿رَبَّنَا هَبْ لَنَا مِنْ أَزْوَاجِنَا وَذُرِّيَّتِنَا  
قُرَّةَ أَعْيُنٍ وَاجْعَلْنَا لِلْمُتَّقِينَ إِمَامًا﴾ (٧٤)

[الفرقان: ٤٧]

(Gooftaa keenya! Niitoolii keenyaafi  
sanyii keenyas gammachuu ijaa  
kan ta'an nuuf kenni Warra Rabbiin  
sodaataniifis imaama (dursaa) nu  
taasisi) Furqaan/74



رَبِّ أَوْزِعْنِي أَنْ أَشْكُرَ نِعْمَتَكَ الَّتِي  
 أَنْعَمْتَ عَلَيَّ وَعَلَىٰ وَالِدَيَّ وَأَنْ أَعْمَلَ  
 صَالِحًا تَرْضَاهُ وَأَدْخِلْنِي بِرَحْمَتِكَ فِي  
 عِبَادِكَ الصَّالِحِينَ ﴿١٩﴾ [النمل: ٩١]

(Yaa Gooftaa kiyya! Akkan ni'imaa kee ishee anaafi abbaa haadha kiyya qanansiifte galateeffadhuufi hojii gaarii ati jaalattu hojjadhu na barsiisi Rahmata keetiinis gabroota kee gaggaarii keessa na seensisi)

Namli/19



﴿رَبَّنَا تَقَبَّلْ مِنَّا إِنَّكَ أَنْتَ السَّمِيعُ  
الْعَلِيمُ﴾ ﴿١٢٧﴾ ﴿وَتُبَّ عَلَيْنَا إِنَّكَ أَنْتَ

التَّوَّابُ الرَّحِيمُ﴾ ﴿١٢٨﴾ [البقرة: ٧٢١-٨٢١]

(Yaa Rabbi Ati dhagahaa beekaa  
dhaa! nurraa qeebali) (Tawbaa  
keenyas nurraa qeebali Dhugumatti,  
Ati Situ akkaan tawbaa qeebalaa,  
akkaan rahmata godhaadha)  
Baqaraa/127-128

صحيح الدعاء والثناء على الله تعالى



# Kadhaa salaataa

1

«اللَّهُمَّ بَاعِدْ بَيْنِي وَبَيْنَ خَطَايَايَ كَمَا  
بَاعَدْتَ بَيْنَ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ، اللَّهُمَّ  
نَقِّنِي مِنْ خَطَايَايَ كَمَا يُنَقِّي الثَّوْبُ  
الْأَبْيَضُ مِنَ الدَّنَسِ، اللَّهُمَّ اغْسِلْنِي مِنْ  
خَطَايَايَ بِالثَّلْجِ وَالْمَاءِ وَالْبَرَدِ»

*Allaahumma baa'id beynii wa  
beyna khaxaayaaya kamaa  
baa'atta beynal mashriqi wal  
maghribi, allaahumma naqqinii  
min khaxaayaaya kamaa yunaqqas  
sowbul abyadu minad danas,  
allahuma ighsilnii min khaxaayaaya  
bilmaa' I wassalji walbarad*

Yaa Rabbi! Akka jidduu bahaafi lixaa wal irraa fageessite jidduu kootiifi jidduu dilii kootii wal irraa fageessi (cubbuu irraa na fageessi). Yaa Rabbi! Akka uffanni adiin xurii irraa qulqullaahutti anas dilii koo irraa na qulqulleessi. Yaa Rabbi! dilii koo irraa cabbii, bishaaniifi cabbiidhaan na dhiqi. (isiin kadhaa salaataan banan irraahi)



«اللَّهُمَّ رَبَّ جِبْرَائِيلَ، وَمِيكَائِيلَ،  
وَأِسْرَافِيلَ، فَاطِرَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ،  
عَالِمَ الْغَيْبِ وَالشَّهَادَةِ، أَنْتَ تَحْكُمُ بَيْنَ  
عِبَادِكَ فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ، اهْدِنِي  
لِمَا اخْتَلَفَ فِيهِ مِنَ الْحَقِّ بِإِذْنِكَ، إِنَّكَ  
تَهْدِي مَنْ تَشَاءُ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ»

*Allaahumma Rabba Jibraa'ila, wa  
miikaa'iila, wa israafiila, faaxiras  
samaawaati wal ardi, aalimal  
gheybi washahaadati, anta tahkumu  
beyna ibaadika fima kaanuu fihi  
yakhtalifuun, ihdini limaa ikhtulifa*

*fiihi minal haqqi bi' iznika, innaka  
tahdii man tashaa'u ilaa siraaxin  
mustaqiim*

Yaa Allaah gooftaa Jibriil,  
Mikaa'eeliifi Israafiil! Uumaa  
samiifi dachii! Beekaa fagoofi  
dihoo kan taate! Ati waan  
gabroonni kee irratti wal dhabaa  
turan keessatti murtii kennita. Haqa  
waan keessatti wal dhabameef na  
qajeelchi. Ati abbaa feete karaa  
sirriitti qajeelchita waan taateef.

(isiinis kdhaa salaataan banan  
irraahi, keesumaafuu salaata  
halkanii) yeroo haqni namarratti  
wal fakkaateefi shubuhaanni  
qalbirra nama dhufe jedhamti)

«وَجَّهْتُ وَجْهِيَ لِلَّذِي فَطَرَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ  
 حَنِيفًا، وَمَا أَنَا مِنَ الْمُشْرِكِينَ، إِنَّ صَلَاتِي،  
 وَنُسُكِي، وَمَحْيَايَ، وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ، لَا  
 شَرِيكَ لَهُ، وَبِذَلِكَ أُمِرْتُ وَأَنَا مِنَ الْمُسْلِمِينَ،  
 اللَّهُمَّ أَنْتَ الْمَلِكُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ أَنْتَ رَبِّي، وَأَنَا  
 عَبْدُكَ، ظَلَمْتُ نَفْسِي، وَاعْتَرَفْتُ بِذَنْبِي، فَاعْفِرْ  
 لِي ذُنُوبِي جَمِيعًا، إِنَّهُ لَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ،  
 وَاهْدِنِي لِأَحْسَنِ الْأَخْلَاقِ لَا يَهْدِي لِأَحْسَنِهَا  
 إِلَّا أَنْتَ، وَاصْرِفْ عَنِّي سَيِّئَهَا لَا يَصْرِفْ عَنِّي  
 سَيِّئَهَا إِلَّا أَنْتَ، لَبَّيْكَ وَسَعْدَيْكَ وَالْخَيْرُ كُلُّهُ  
 فِي يَدَيْكَ، وَالشَّرُّ لَيْسَ إِلَيْكَ، أَنَا بِكَ وَإِلَيْكَ،  
 تَبَارَكْتَ وَتَعَالَيْتَ، أَسْتَغْفِرُكَ وَأَتُوبُ إِلَيْكَ»

Wajjahtu wajhiya lillazii faxaras  
 samaawwti wal arda haniifan,  
 wamaa kaana minal mushrikiin,  
 inna salaatii wa nusukii  
 wamahyaaya wa mamaatii lillaahi  
 Rabbil aalamaiin, laa shariika  
 lahuu wa bi zaalika umirtu wa ana  
 minal muslimiin, allaahumma antal  
 maliku laa ilaaha illa anta anta  
 Rabbii, wa ana abduka zalamtu  
 nafsii wa taraftu bi zanbii, faghfir  
 lii zunuubii jamii'an fa innahuu  
 laa yaghfiruz zunuuba illa anta,  
 wahdini li ahsanil akhlaaqi laa  
 yahdii li ahsanihaa illaa anta, wasrif  
 annii sayyi'ahaa laa yasrifu annii  
 sayyi'ahaa illaa anta, labbeyka wa  
 sa'adeyka, wal kheyru kulluhuu bi

*yadeyka, washarru leysa ilayka,  
ana bika wa ileyka, tabaarakta wa  
ta'aaleyta, astaghfiruka wa atuubu  
ilayka*

Ani haalan gara tawhiidaa dabee jiruun fuula kiyya gara Isa samiifi dachii uumeetti deebiseera. Salaanni kiyya, ibaadaan kiyya, jiruun kiyyaafi duuti kiyya Rabbii gooftaa aalamaatiifi. Shariikni isaaf hin jiru. Kanattin ajajames. Ani Muslima irraayi. Yaa Rabbi mootiin suma qofa; dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru. Ati Gooftaa kiyya ani gabricha keeti. Lubbuu kiyya miidheera. Yakka kiyyas amaneera. Dilii koo hundaa naaf araarami.

Kan dilii araaramu si malee waan hin jirreef. Yaa Rabbi gara amala gaariitti na qajeelchi. Gara akkaan gaarii isheetti si malee kan qajeelchu hin jiru. Hamtuu ishee immoo narraa deebisi; hamtuu ishee si malee kan narraa deebisu waan hin jirreef. Owwaadhe. Milkuunis kan keeti. Toltuun hunduu sirka jira. Hamtuun gara keetii miti. Ani siinin jira gara keettin deebi'a. Guddattee ol taate. Araaraman sirra barbaada; gara keettin deebi'a.

(isiin kadhaa salaatan bananirraahi,  
keessumaafuu salaata halkanii)



«سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ رَبَّنَا وَبِحَمْدِكَ اللَّهُمَّ  
اغْفِرْ لِي»

*Subhaanakallaahumma Rabbanaa  
wa bihamdika Allahuma aghfirli*

Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin  
si qulqulleessa. Yaa Rabbi naaf  
araarami.

(isiin kadhaa isii jachuun karaa  
godhame rukuu'aa fi sujuuda  
keessatti)



«اللَّهُمَّ أَعُوذُ بِرِضَاكَ مِنْ سَخَطِكَ، وَبِمُعَافَاتِكَ  
مِنْ عُقُوبَتِكَ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْكَ لَا أُحْصِي  
ثَنَاءً عَلَيْكَ أَنْتَ كَمَا أَثْنَيْتَ عَلَيَّ نَفْسِكَ»

*Allaahumma a'uuzu bi ridaaka  
min sakhaxika, wa bi mu'aafaatika  
min uquubatika, wa bika minka laa  
nuhsii sanaa'an alayka anta kamaa  
asneyta alaa nafsika*

Yaa Rabbi dallansuu kee irraa  
jaalala keetti, adabbii kee irraa  
nageenya keettin maganfadha.  
Sirraa sumattin maganfadha.



Faaruu sirratti godhamu lakkaa'ee hin xumuru. Ati akkuma lubbuu kee faarsiteedha.

(isiin kadhaa sujuuda keessatti karaa godhamte)

6

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي ذَنْبِي كُلَّهُ دِقَّةً، وَجِلَّةً،  
وَأَوَّلَهُ وَآخِرَهُ وَعَلَانِيَتَهُ وَسِرَّهُ»

*Allaahumma ighfir lii zanbii  
kullahuu diqqahuu wa jullahuu  
wa awwalahuu wa aakhirahuu wa  
alaaniyatahuu wa sirrahuu*

Yaa Rabbi yakka kiyya hunda,  
xiqqoofi guddaa isaa, jalqabaafi  
dhuma isaa, mullataafi dhokataa  
isaa naaf araarami.

(isiinis kadhaa sujuuda keessti  
karaa godhamte)

«اللَّهُمَّ اجْعَلْ لِي فِي قَلْبِي نُورًا، وَفِي لِسَانِي  
 نُورًا، وَفِي سَمْعِي نُورًا، وَفِي بَصَرِي نُورًا،  
 وَمِنْ فَوْقِي نُورًا، وَمِنْ تَحْتِي نُورًا، وَعَنْ  
 يَمِينِي نُورًا، وَعَنْ شِمَالِي نُورًا، وَمِنْ بَيْنِ  
 يَدَيَّ نُورًا، وَمِنْ خَلْفِي نُورًا، وَاجْعَلْ فِي  
 نَفْسِي نُورًا، وَأَعْظِمْ لِي نُورًا»

*Allaahuma ij'al fii qalbii nuuraa,  
 wafii lisaanii nuuraa, wafii sam'ii  
 nuuraa, wafii basarii nuuraa, wamin  
 fowqii nuuraa, wamin tahtii nuuraa,  
 wa'an yamiinii nuuraa, wa'an  
 shimaalii nuuraa, wamin beyni*

*yadayya nuuraa, wamin khalfii  
nuuraa, waj'al fii nafsii nuuraa,  
wamin beyni yadayya nuuraa,  
wamin khalfii nuuraa, waj'al fii  
nafsii nuuraa, wa'a'azim lii nuuraa*

Yaa Rabbi qalbii kiyya keessa ifaa  
godhi. Arraba koo keessas ifaa,  
dhageettii koo keessas ifaa, agartuu  
koo keessas ifaa, gubbaa kiyyas  
ifaa, jala kootis ifaa, mirga koo  
irraanis ifaa, bitaa kiyya irraanis  
ifaa, fuuldura kootis ifaa, duuba  
kiyyaanis ifaa, lubbuu koo keessas  
ifaa taasisi. Ifaa guddaa naaf godhi.

(isiin kadhaa sujuuda keessatti  
karaa godhamte, keessumaafuu  
salaata halkanii keessatti)

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ جَهَنَّمَ،  
وَمِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا  
وَالْمَمَاتِ، وَمِنْ شَرِّ فِتْنَةِ الْمَسِيحِ الدَّجَالِ»

*Allaahumma innii a'uuzu bika min  
azaabi jahannama wamin azaabil  
qabri, wamin fitnatil mahyaa  
walmamaati wamin sharri fitnatil  
masiihid dajjaal*

Yaa Rabbi ani adabbii qabriifi adabbii  
jahannamaa irraa sittin maganfadha.  
Mokkoroo jireenyaafi du'aa irraa,  
akkasumas mokkoroo Masiih  
Addajjaal irraa sittin maganfadha.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa keessatti karaa gidhamte osoo hin salaammanne)



«اللَّهُمَّ أَعِنِّي عَلَى ذِكْرِكَ، وَشُكْرِكَ،  
وَحُسْنِ عِبَادَتِكَ»

*Allaahumma a'innii alaa zikrika  
wa shukrika wa husni ibaadatika*

Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuufi ibaadaa kee gaaromsuu keessatti na gargaari.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa keessatti karaa gidhamte osoo hin salaammanne)

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي مَا قَدَّمْتُ وَمَا أَخَّرْتُ،  
 وَمَا أَسْرَرْتُ وَمَا أَعْلَنْتُ، وَمَا أَسْرَفْتُ،  
 وَمَا أَنْتَ أَعْلَمُ بِهِ مِنِّي، أَنْتَ الْمُقَدِّمُ  
 وَأَنْتَ الْمُؤَخِّرُ، لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ»

*Allaahumma ighfir lii maa  
 qaddamtu wamaa akhartu, wa maa  
 asrartu wamaa a'alantu, wamaa  
 asraftu, wamaa anta a'alamu bihii  
 minnii, antal muqaddimu wa'antal  
 mu'akhiru, laa ilaaha illaa anta*

Yaa Rabbi naaf araarami badii  
 tiyyarraa waan ani dabarse, waan  
 booda aanse, waan dhooyse, waan

mul'ise, waan daangaa dabre, waan  
ati narrabeeytu. Sumaatu dursisa,  
sumaatu baada aansa, haqaan  
gabbaramaan simalee hinjiru.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa  
keessatti karaa gidhamte osoo hin  
salaammanne)





«اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْمَأْثِمِ،  
وَالْمَغْرَمِ»

*Allaahumma innii a'uuzu bika  
minal ma'asami wal maghrami*

Yaa Rabbi ani yakkaafi hidaan  
qabamuu irraa sittin maganfadha.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa  
keessatti karaa gidhamte osoo hin  
salaammanne)

12

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْجَنَّةَ، وَأَعُوذُ بِكَ  
مِنَ النَّارِ»

*Allaahumma inni as'alukal jannata,  
wa a'uuzu bika minan naar*

Yaa Rabbi ani jannata si kadheen  
ibidda irraa sitti maganf.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa  
keessatti karaa gidhamte osoo hin  
salaammanne)



13

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْبُخْلِ وَأَعُوذُ  
بِكَ مِنَ الْجُبْنِ وَأَعُوذُ بِكَ أَنْ أُرَدَّ إِلَى أَرْدَلِ  
الْعُمْرِ وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ فِتْنَةِ الدُّنْيَا وَأَعُوذُ بِكَ  
مِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ»

*Allaahumma innii a'uuzu bika  
minal bukhli wa a'uuzu bika minal  
jubni wa a'uuzu bika an uradda  
ilaa arzalil umuri wa a'uuzu bika  
min fitnatid dun'yaa wa a'uuzu  
bika min azaabil qabri*

Yaa Rabbi ani doynummaa irraa  
sittin maganfadha. Lunnummaa  
irraas sittin maganfadha. Umurii

isa gadi kufaatti deebifamuu irraas  
sittin maganfadha. Mokkoro  
addunyaafi adabbii qabrii irraas  
sittin maganfadha.

(isiin kadhaa tashahhuda boodaa  
keessatti karaa gidhamte osoo hin  
salaammanne)

«اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي ظُلْمًا كَثِيرًا وَلَا  
يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ، فَاعْفُرْ لِي مَغْفِرَةً مِنْ  
عِنْدِكَ، وَارْحَمْنِي إِنَّكَ أَنْتَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ»

*Allaahumma innii zalamtu  
nafsii zulman kasiiraa walaa  
yaghfiruz zunuuba illaa anta,  
faghfir lii maghfiratanmin  
indika, warhamnii innaka antal  
ghafuurur rahiim*

Yaa Rabbi! Ani miidhaa baay'ee  
lubbuu koo miidheera; si malee kan  
dilii araaramu hin jiru. Kanaafuu,  
araarama si biraa ta'e naaf araarami.

Ati araaramaa mararfataa waan  
taateef.

(isiin kadhaa salaata keessatti  
karaa gidhamte sujuuda keessatti  
jedhamti ykn tashahhuda boodaa  
keessatti osoo hin salaammanne)



«اللَّهُمَّ حَاسِبِي حِسَابًا يَسِيرًا»

*Allaahumma haasibnii hisaaban  
yasiiraa*

Yaa Rabbi qormaata laafaa na qori.  
(isiin kadhaa salaata keessatti  
karaa gidhamte sujuuda keessatti  
jedhamti ykn tashahhuda boodaa  
keessatti osoo hin salaammanne)

16

«رَبِّ قِنِي عَذَابَكَ يَوْمَ تَبْعَثُ عِبَادَكَ»

*Rabbi qinii azaabaka yowma  
tab'asu ibaadaka*

Yaa Rabbi qixaaxa kee jalaa na  
baasi gaafa gabroottan kee kaaftu.

(isiin kadhaa salaata keessatti  
karaa gidhamte sujuuda keessatti  
jedhamti ykn tashahhuda boodaa  
keessatti osoo hin salaammanne)

صَاحِبِ الدُّعَاءِ وَالشَّعَائِرِ عَلَى اللَّهِ تَعَالَى



# Kadhaalee Nabiyyii





«اللَّهُمَّ رَبَّنَا آتِنَا فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً، وَفِي  
الْآخِرَةِ حَسَنَةً، وَقِنَا عَذَابَ النَّارِ»

*Rabbanaa aatinaa fid dun'yaa  
hasanatan wa fil aakhirati  
hasanatan waqinaa azaaban naar*

Yaa Rabbii keenya nuuf kenni  
adduynatti toltuu, aakirattis toltuu,  
nu baasi ibidda azaabaa jalaa.

(isiin irra hedduu kadhaa  
nabiyyiiti)



«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي،  
وَعَافِنِي، وَارْزُقْنِي»

*Allaahuma ighfir lii, warhamnii,  
wahdini, wa aafinii, warzuqnii*

Yaa Rabbi naaf araarami, na  
mararfadhu, na qajeelchi, na fayyisi,  
na soori.

(isiin kadhaa toltuu addunyaa fi  
aakhiraa if keessaa qabdu)



«اللَّهُمَّ اكْفِنِي بِجَلَالِكَ عَنْ حَرَامِكَ  
وَاعْنِنِي بِفَضْلِكَ عَمَّنْ سِوَاكَ»

*Allaahumm ikfinii bihalaalika an  
haraamika, waghniinii bifadlika  
amman siwaaka*

Yaa Rabbi halaala keetiin haraama  
kee irraa na tiksii. Tola keetiin waan  
si malee jiru irraa of na geessisi.

(isiin kadhaa deynii ifarraa  
deebisuuti)

4

«اللَّهُمَّ مُصَرِّفَ الْقُلُوبِ صَرِّفْ قُلُوبَنَا  
عَلَى طَاعَتِكَ» «يَا مُقَلِّبَ الْقُلُوبِ ثَبِّتْ  
قَلْبِي عَلَى دِينِكَ»

*Allaahumma musarrifal quluubi  
sarrif quluubanaa alaa xaa'atika.  
Yaa Muqallibal quluubi sabbit  
qalbi alaa diinik*

Yaa Rabbii qalbi hooggantu qalbi  
teenya siif ajajamurratti hooggani,  
yaa kan qalbi gara gaggalchu qalbi  
tiyya diin keetirratti gad dhaabi.

(Isiinis kadhaa haqarratti gadi  
dhaabbachuuti, irra hedduu kadhaa  
Nabiyyiiti)

## 5

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنَ الْخَيْرِ كُلِّهِ عَاجِلِهِ  
 وَآجِلِهِ، مَا عَلِمْتُ مِنْهُ وَمَا لَمْ أَعْلَمْ، وَأَعُوذُ  
 بِكَ مِنَ الشَّرِّ كُلِّهِ، عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ مَا عَلِمْتُ  
 مِنْهُ، وَمَا لَمْ أَعْلَمْ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ  
 خَيْرِ مَا سَأَلَكَ عَبْدُكَ وَنَبِيُّكَ مُحَمَّدٌ صَلَّى اللَّهُ  
 عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا عَاذَ مِنْهُ عَبْدُكَ  
 وَنَبِيُّكَ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْجَنَّةَ وَمَا قَرَّبَ  
 إِلَيْهَا مِنْ قَوْلٍ أَوْ عَمَلٍ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنَ النَّارِ  
 وَمَا قَرَّبَ إِلَيْهَا مِنْ قَوْلٍ أَوْ عَمَلٍ، وَأَسْأَلُكَ  
 أَنْ تَجْعَلَ كُلَّ قَضَاءٍ تَقْضِيهِ لِي خَيْرًا»

*Allaahumma innii as'aluka minal  
kheyri kullih aajilihii wa aajilihii,  
maa alimtu minhu wamaa lam  
a'alam, wa a'uuzu bika mina  
sharri kullih aajilihii wa aajilihii  
maa alimtu minhu wamaa lam  
a'alam, allaahumma innii as'aluka  
min kheyri maa sa'alaka abduka  
wa nabiyyuka Muhammadun  
sallallaahu alayhi wa sallam wa  
wa a'uuzu bika min sharri maa  
aaza minhu abduka wa nabiyyuka.  
Allaahumma innii as'alukal jannata  
wamaa qarraba ilayhaa min qawlin  
aw ama, wa a'uuzu bika minan naari  
wamaa qarraba ilayhaa min qawlin  
aw amal, wa as'aluka an taj'ala  
kulla qadaa'in taqdihi lii kheyraa  
Yaa Rabbi kheyrii hundarraan*

si kadhada, tan ammaatii fi tan boodaatis, tanin beekuu fi tanin hin beeynes, hamtuu hundarraa sittin maganfada, tan ammaatii fi tan boodaatis, tanin beekuu fi tanin hin beeynes, yaa Rabbi an sin kadha irra caaltuu waan nabiiyyiin keetii fi gabrichi kee Muammad si kadhatee, sittin maganfada hamtuu waan nabiiyyiin keetii fi gabrichi kee irraa maganfatee, yaa Rabbi sin kadha jannataa fi wanta isitti dhiyaatullee jachaa fi gocharraa, sittin maganfada ibiddaa fi wanta isitti dhiyaatullee jachaa fi gocharraa, wanta naaf murteysitu hunda gaarii akka naaf gootun si kadha.

(Isiin kadhaa walitti qabduu fi guutuu irraahi)

6

«يَا حَيُّ يَا قَيُّوْمُ بِرَحْمَتِكَ أَسْتَغِيْثُ، أَصْلِحْ  
لِي شَأْنِي كُلَّهُ، وَلَا تَكِلْنِي إِلَى نَفْسِي  
ظُرْفَةَ عَيْنٍ»

*Yaa hayyuyaa qayyuuum birahmatika  
astaghiisu aslih lii sha'anii kullihii  
walaa takilnii ilaa nafsii xarfata  
aynin*

Yaa jiraataa ya kan amrii waan  
hudaatiin dhaabbatu, rahmata  
keetiinin gargaarsifadha, amrii  
tiyaa hunda naaf tolchi, nan irkisin  
lubbuu tiyyatti hamma libsuu ijaa.

(isiin kadhaa rakkinaa fi yaaddooti)



«اللَّهُمَّ إِنِّي عَبْدُكَ ابْنُ عَبْدِكَ ابْنُ أُمَّتِكَ  
 نَاصِيَتِي بِيَدِكَ مَاضٍ فِي حُكْمِكَ عَدْلٌ  
 فِي قَضَاؤِكَ، أَسْأَلُكَ بِكُلِّ اسْمٍ هُوَ لَكَ  
 سَمِيَتْ بِهِ نَفْسُكَ أَوْ أَنْزَلْتَهُ فِي كِتَابِكَ أَوْ  
 عَلَّمْتَهُ أَحَدًا مِنْ خَلْقِكَ أَوْ اسْتَأْثَرْتَ بِهِ  
 فِي عِلْمِ الْغَيْبِ عِنْدَكَ أَنْ تَجْعَلَ الْقُرْآنَ  
 رِبِيعَ قَلْبِي وَنُورَ بَصَرِي وَجِلَاءَ حُزْنِي  
 وَذَهَابَ هَمِّي»

*Allaahumma innii abduka ibnu  
 abdika ibnu amatika naasiyatii  
 biyadika maadin fiyya hukmuka*

*adlun fiyya qadaa'uka, as'aluka  
bikulli ismin huwa laka sammeyta  
bihii nafsaka aw anzaltahuu fii  
kitaabika aw allamtahuu ahadan  
min khalqika awista'asarta  
bihii fii ilmil gheybi indaka an  
taj'alal qur'aana rabii'a qalbii  
wanuura basarii wajalaa'a huznii  
wazahaaba hammii*

Yaa Rabbi ani gabricha keeti.  
Ilma gabricha keetiiti. Ilma  
gabrittii keetiiti. Sammuun kiyya  
sirka jira. Murtiin kee narratti  
raawwatamaadha. Murtiin kee  
anaaf haqa. Maqaa kee hundaa  
kan ati ittiin of moggaafte, yookiin  
